

2.1 Maalummaa og barruu

- Og barruun seenaa jireenya ilma namaa keessatti **yeroo dheeraaf** kan ture waan ta'eef ogummaa kana keessatti yaadoonni fi qorannoowwan adda addaa irratti gadhamaa turaniiru, fakkeenyaaf, **waa'ee maalummaa isaa, akkaataa uumama isaa. Wantoota inni of keessatti hammatu, tajajila inni ilma namaaf qabu.** Faayidaa isaa ilaalchisee waan hedduuttu jedhameera.

Itti fuufa

- Og barruun ilmi namaa **yaada isaa kan ittiin ibsatuudha . Haa ta'u malee yoo seeraan qindaayee dhiyate malee waanti jechaan ibsame hundi og barruudha jechuudha jechuun hin dasndaa'amu** . fkn barreeffamoonni barumsa kennuuf yookaan beekumsaaf barreeffaman hundi namoota hedduu birratti og barruutti hin lakkaa'aman

Itti fuufa

- Og barruu yemmuu jennu **kan barreeffaman dhiyaate qofa otoo hin ta'iin bifiyyee uumee yaada ibsaan, kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darban kan hammatuudha.** Walumagalatti og barruu jechuun **bifiyyee adda addaatiin afaaniin kan dhiyaatu, waa'ee namootaa namootaan namootaaf kan qophaa'ee mudannoo kan calaqisiisuuf jireenyaafi dhugaa walitti qabee kan argamu, jireenyi isaa afaaniifi barreeffamaan kan ta'e hojii umeeti.**
- Og barruun waan mudannoo ilma **namaa keessatti umameefi umuun kan danda'u, akkasumas giraaba (adimas)nuura ilma namaatiin ta'uu danda'a .**

Itti fuufa

- Og barruu yemmuu jennu kan barreeffaman dhiyaate qofa otoo hin ta'iin bifiyyee uumee yaada ibsaan, kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darban kan hammatuudha.
- Walumagalatti og barruu jechuun bifiyyee adda addaatiin afaaniin kan dhiyaatu, **waa'ee namootaa namootaan namootaaf kan qophaa'ee mudannoo kan calaqisiisuuf jireenyaafi dhugaa walitti qabee kan argamu, jireenyi isaa afaaniifi barreeffamaan kan ta'e hojii umeeti.**
- Og barruun waan mudannoo ilma namaa keessatti umameefi umuun kan danda'u, akkasumas giraaba (adimas)nuura ilma namaatiin ta'uu danda'a

. Fayyidaa og barruu

namoonni waa'ee isaaniifi waa'ee jireenyaa akkasumas waa'ee naannoo isaanii hubannoo akka argatan taasisa.

- Og barruun **sammuu namaallee hanga tokko jijjirruu ni danda'a**. namni tokko og barruu tokkoo dubbise , dhaga'ee yookaan ilaalee yaada og barrichaarraa kan ka'e jijjiram tokko agarsisuu ni danda'a.
- amalas ta'e gochoota namoota akka qeeqnu, **sochii hawwasa akka xiinxaluu nu gargaara**,
- **seenaa darbe dhiyeessuu waan danda'uuf kan darbeera barachuuf nama gargaara**.
- **duudhaafi barsiifata akkasumas aadaa haawwas tokko dhaloota itti aanuuf dabarsuurrattis ga'ee guddaa qaba. Aadaan gaariin cimee akka itti fufu barsiifanni gadhee(badaa) ta'e immoo akka hafu gochuufis** og barruun fayidaa guddaa qaba.
- **dinagdee, siyaasa fi hawwasummaa saba tokko calaqisiisuun alatti amala, gocha, nuuraa fi akkasumas xiinsammuu fi ilaalcha namoota hawwasa** sana keessatti ba'anii agarsiisa.

Barreessaa ogbarruu

- Barreessaan og barruu **dandeetti waa hubachuu kan qabu, umamni caalattii kan isa harkisu ta'uu qaba.**
- Barreessan og barruu miseensa hawwasa waa'een isaa barreeffamuu waan ta'eef **yeroo hawwsichi dhiphatu wajjin dhiphata, yeroo gaddu wajjiin gadda yeroo kolfu wajjin kan kolfu rakkinni fi dhiphinni ilma namaa kan itti dhagaa'amu fi ilma namaatiif jaalala cimaa kan qabuudha.**
- Namoota kana caalaa barreesssan og barruu waa'ee jireenyaa dubbachuuf ibsuu kan jaalatuudha. Barreessitoonni og barruu barreessuufi **yeroo fi bakka (iddoo) adda addaa filatu. Kaan halkan barreessu kaan ganama barii kaan immoo guyyaa saafaa. Akkasumas iddoo ilalchisee kaan baokka iyyi jiru yemmuu filatan kaan immoo bakka sinbirrillee kosh hin goone barbaadu. Barreessaan og barruu amaloota, bifa. Maalummaa namoota gadi fageenyaan xinxaluu. Beekuu qaba. Walitti dhufeenya namootas baruun barreessaa og barruutiif barbaachisaa dha.**
- Barreessan og barruu waa'ee hawwasa sanaa kan sirritti beeku ta'uu qaba. Muuxannoo fi mudannoon hawwasa keessa jiraachuun , namoota irraa dhaga'uun ofi gocha sana raawwachuun, barruu adda addaa dubbisuun argamuu danda'a.

Itti fuufa

- Fakkeenyaaf barreessaan og barruu afaan Amaaraa Birhaanuu Zarihun “ **Maa’ibel ye Abiyoot Waazeemaa** “ yemmuu barreessuu **waa’ee beel walloo** haala jiru sirritti xinxaluuf gara namoota sanaa deemee ture. Qonnaan bula bakka sana ture waliin yeroo dheeraf turtii akka agodhe himama.
- **Mudannoo fi muuxannoon mana barumsaattis argamu danda’a. barreessaan** og barruu hubannoo isaa bal’ifaachuuf akkasumas muuxannoo argachuuf **baayyee dubbisuu qaba.**
- Barreessan og barruu **dandeetti Afaanii qabaachuu qaba. Mudannoo fi waan taajjabe san bifa adda addaatiin ibsuu kan danda’u dandeettii afaani yoo qabaatee dha.**
Barreessichi yaada isaa ifa godhee haala miidhagina qabuun

Itti fuufa

- ibsachuu qaba. Kana gochuuf ammo amala jechootaa. Akkasumas itti fayyadama **caasaa isaanii beekuu qaba. Akkasumas itti fayyadamaafi uumama dubfakki. Hiika jechoonni bakka adda addaatti qaban haalaan beekuun irraa eegama (Zarihun Asfaw. 1992**

Itti fufa-----

Gosawwan Ogbarruu

Gosawwan ogbarruu bakka gurguddaa lamattii qoodamee argama.isaanis og barruu Afoolaa dhaloota irraa gara dhalootaattii Afaaniin(osoo hin barreefamiin) darbaa kan dhufe isa tokkoo yoo ta'uu. Gama biraatiin kalaqa sammuu namaatiin barra'ee kan jiruu og barruu barreefamaan taa'ee jiruu akkuma jiruttii ta'ee gara fuula duraattii og barruu afaaniin ummata oromoo keessa iiruu beektootaan

Itti fufa-----

Gara ardii kanattii dhufan Aadaa
Amantaa,seenaafi falaasama
eenyummaa hidda dhaloota saba isaanii
akka beekan taasisuun dirqama hayoota
tokkon tokkoon keenyaatii.kan afoolaa
qofa osoo hin taanee ogbarruu kalaqa
sammuutiin barreefamuu teekinika
ogummaatiin deegaramee
rakkoo,gammachuufi badhaadhina
ummata keenyaa kan darbee irraa
barsiisuun gara fuula duraattii sabnii
keenya milkii qaariin akka iiraatuu

Itti fufa-----

Maalummaa og barruu gabaabaafi
ulaagaalee innii qabatuu.

Jechii og barruu gabaabaa dhufaatiin isaa ykiin moggaasnii isaa kan dhufee jecha gabaabaa Afaan ingliffaan “The Short Story” jedhuu irraa kallattiin kan fudhatameedha.keessattuu jaarraa 19ffaa keessattii biyyoota guddatan kan akka Awurooppaafi Ameerikaa kaabaa akkasumas biyyoota keessattii sadarkaa guddina agarsiiseedha jechuun ni danda’ama.ogbarruun gagabaaboo dhimma Aadaa,seenaafi kan biroo irrattii yeroo ammaa barreefamaa jiruu abdachiisaa ta’uu isaa namattii mul’isa.

Itti fufa-----

Waa'ee dhimma og barruu gabaabaa irrattii beektoonniifi barreesitoonnii dhalatoota biyya alaa ta'an yaadrimee tokko tokkoo teechisan keessaa haala kanaa gaditiin teechisuuf yaalameera.

1. "Barreefama uumee ogbarruu gabaabaa keessattii

kallattiins ta'ee al kallattiin galma durfamee sammuu barreessaa keessattii yaad rimee kuufamee jiruu alattii waan qunnamtii hin qabaannee jecha tokkoo barreessaan waan haara'a barreesuu hin qabuu"kan jedhuu Eed gaaralan poo jedhama.

Itti fufa-----

- 2."Og barruu gabaabaan sochiin gochaa kan ittii mulatuu muudannoo tasaa sochii Ariitiin guddina kan qabuufi maaltuu dhufaan hawwachiisaa sadarkaa olaanaa irraan gahuun xumurrii bu'a qabeessa ta'uu qaba" kan jedhee teechisee ammoo Hiiw waal pool jedhama.
 3. "Og barruun gabaabaan sa'aa walakkaa keessattii dubbifamee kan dhumuu ogummaa kalaqaatii."kan jedhee ammo Eech Jee weelis jedhama.
- Walumaa galattii amallii ogbarruu gababaa akkam ta'uu akka qabuu yaadawwan kanaa olittii bara'an kallattii tokkoo kan mul'isan ta'ee ni argama.

Itti fufa-----

**1.Amaloota Og barruu gabaabaa
keessattii mulatan akkamiin ibsama.**

1.1.Bu'aa Baaqqee

. Sanyiiwwan/elementoota / og barruu

- Og barruun sanyiiwwan adda addaa of keessaa qaba. Isaan keessaa walaloo asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa, diraamaa fi afoolli isaan beekamaoodha. Sanyiiwwan og barruu kunneen adda ba'anii kan ittin beekaman amaloota adda adda qabu.

Asoosama

- **3.1. Maalummaa Asoosamaa**
- Jechi Asoosama jedhu gosa og barruu ingiliffaan “Novel” jedhu bakka bu’uuf kan filame, moggaasa og barruuti . gaaffii Asoosamni maalii jedhuuf deebiii murtaa’e tokko laachuun rakkisaadha. Akka beektonni jedhanitti maalummaa Asoosamaa kaa’uuf yaaluurra amaloota isaa gurguddoo fi aartummaa isaa agarsiisuun gosa og barruu kana baruufi qorachuuf faayidaan isaa guddaadha.
- Maalummaa Asoosamaa ilaalchisee namoonni adda addaa hiika adda addaa kennaa turaniiru. Fakkeenyaaf “ Asoosamni fakkii jireenyaati. Amalli Asoosamaa inni jalqabaa fakkiin inni jireenyarratti kennu qabatmaa ta’uu isaati” kan jedhu keessatti argamu (**Zarihun, 1992**).

Itti fuufa

- Kanumarraa ka'uudhaan Asoosamni haalli jireenya dhuunfaafi hawwasummaa kan itti calaqqisu, jechootaan kan kaa'amu(kan kaafamu) hojii nuuraa kan ka'e sirritti kan mullatu fi fakki lubbuu qabuudha.
- Yaada namoonni adda addaa waa'ee Asoosama kaa'anirraa ka'uun Asoosamni amaloota namummaa fi gochoota namoota addunyaa dhugaa kanaraa socho'anii dhugaa fakkeesse kan dhiyeessu. Bifiyyee og barruuti. Dheeraa waan ta'eef barreessichi asoosama jireenya fakkaattotaa akka barbaadetti bal'inaan seenessa. Yeroo dheera waan argatuuf bifa jireenyaa adda addaa gadi fageenyaan dubbistootaaf dhiyeessuuf uunkaan (bifni) isaa ni hayyamaaf
- Asoosamni mudannoo jireenya namoota addunyaa kanaatiin raawwatameefi waan raawwatamuu danda'u irraa, hubannoo fi ilaalcha ogeessichaa (barreessaa asoosamaa) qindaayee dhiyaatuudha.
- Barreessan tokko yeroo barreessuu aadaa bara sanaa, dhugaa hawasummaa bara sanaafi Afaan haalaan beekuu qaba.
- Asoosamaan gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, hawwiifi fedhii, guddinaafi kufiinsa walumagalatti hojii fi ilaalchi ilma namaa karaa Artiitiin dhiyaata. Walumagalatti malummaa asoosamaa kaa'uu irraa amaloota isaa kaa'uun ifa isa godha.

■ **Firiwwan (Elementoota) Asoosama**

- Elementoota Asoosamaa jedhamanii kan beekaman seenaa, sabta'umsa(Plot), fakkatti, walitti bu'insa yoomessa, yaada rime(ergaa) fi garumsa(kallatii ittiin dhiyaatu) (†«ÍY) (Elementootonni) kun hundi Asoosama keessatti gar gar ba'anii kan ilaalaman osoo hin ta'iin walqabatani dhiyaatu.
- Waa'ee seenaa Asoosamaa yemmuu dubbannu fakkattonni ka'uun isaanii hin hafu sababni isaas seenaan sun kan fakkattota waanta'eefi.
Waa'eefakkaattoota dubbannaan immoo yeroofi bakka isaan turan ilaaluun hin hafu. Yoo tokko ka'u tokkos duukaa dhufa. Asoosamni tokkos asoosama kan ta'u firiwwan (elemantoonni) kun sirritti walqabatani yoo dhiyaataniidha

Seenaa (story)

- Seenaan asoosamaaf isa jalqabaa (dubbii duraa)ti Namni tokko asoosama dubbisee “ seenaa nama gaddisiisuun dubbisee, seenaa nama gammachisuun dubbisee, seenaa jalalaa bareedaadha” jedhee waan itti dhaga’ame ibsa.
- Seenaan duraa duuba yeroo barreessan sun filateen gochoota qindaayanii dhiyaatanii fi gochoota fakkaattotaan raawwataman ka’umsa isaanii, raawwii fi bu’aa isaa dhumaa qabata. Kunneen hundi, mudannoo jireenyaa ilma namaa adda addaa irraa kan warabaman ta’uu qabu, waraabbiin kun dhugaarratti kan hundaa’e yoo ta’e seenaan kun sirriti amanama.
- Seenaan asoosama tokkoo amanamummaa gofa osoo hin ta’in kan nama harkisuufi qibii namaa rarrasu t’u qaba. Namni dubbisu tokko itti aanee woo maaltudhufa laata? Jedhee maal ta’umsaan(suspense) qalbiinn isaa rarra’ee dubbisuu qaba.

Sabta'umsa (plot)

- Sabta'umsa jechuun duraa duubaa gochoota seena barreeffmicha uumanii jechuudha. Ittanseewwoo maaltu dhalata jechaa akka dubbifnu kan nu godhudha Sabta'umsa sababnifi bu'aan dhimma guddaaf barbaachisaadha. Kana jechuun wanni tokko kan umamu sababa waan biraatini. Fakkeenyaaf” Mootiin du’e achimmoo giiftiin duute” yoo jenne kun seenaadha. Sababni isas du’a lamaam jidduu sababni walqabsiisu hin jiru. Garuu hima “ Mootiin du’e gadda isaatiin giiftiinis duute “ jedhu yoo ilaalle immoo sababaan kan walqabatan waan ta’eef Sabta'umsa jechuudha.

Waldidda /walitti bu'insa / conflict)

- Fakkaattonni addunyaa asoosamaa keessa jirtan walitti dhuufeenya seena sana keessatti qabanirraa kan ka'e sababoota adda addaatiin muffiif waldhabbii keessa galu falmiin sababa muffi fi wadhabinsa kanaatiin uumamu walitti bu'insa jedhama falmii qaamota faallaa ta'an lamaan jidhuti godhamuun tokko tokko mo'achuuf tokko tokkon kuffisuuf. Tokkos akka hin mo'atamne, akka hin kufne akka hin caalamne yemmuu tattaafatan mul'atu. Fakkaattonni falmii keessaa galan keessaa ba'uuf yemmuu tattaafatan. Rakkinni biro yemmuu isaan mudatu ammas keessaa ba'uuf yemmuu carraaqan kan itti mul'atan Asoosamaaf yaada bu'uurati.

Amaloota walitti bu'insaa

- Qaamoota lamaan jidduutti walitti bu'insi tokko akka uumamu haalli yookaan kaayyoon dirqisisu jiraachuu qaba. Sababni walitti bu'iinsa kun kan amanamuu fi walitti bu'insa sana kaasuuf ga'umsa kan qabu mudannoo ilma namaa keessatti uumamuu kan danda'u ta'uu qaba.
- Amallii walitti bu'insaa inni tokko falmii qaamoota lamaan jiddutti godhamu kan ilaaluudha qaamonni lamaanuu sababa walitti bu'insaa saniin dirqamanii walitti bu'insa keessaa erga seenani booda mo'achuuf yookaan kayyoo isaanii galmaan ga'uuf yemmuu falman mulachuu qabu. Yemmuu qaamonni lama falmii fi tattafatan seenaan sun qalbii namaa raraasa kamtu mo'ataa kaayyoo kamiitu galmaan ga'aa laata? Nama deemee sadarkaa guddaa(isaa dhumaa) irra ga'e kun fiixaan(finina)walitti bu'insa jedhama. Kana booda kan hidhame hiikkachaa,kan jaabatr lafa kana cufamee furmaataan banama dhufee walitti bu'iinsi kun furmaata (bu'aa) xumura argata. Kun immoo dhuma walitti bu'iinsaa (@`|)walitti bu'insa booda fakkatotarratti jijjiramni ni mul'ata jijjiramni kun haala jireenyaa amalaa yaadaa ejjennoo, walitti dhufeenya ta'uu danda'a.
- Gosa og barruu kamiyyuu keessatti qaamonni walitti bu'an lamaan kan walgitan ta'uu qabu. Qaamoota lamaan jidduu garaa garummaan guddaan jiraannaan dubbistoonni qaama mo'atu dursanii tilmaamuu waan danda'aniif qalbiin isaan hin rarra'u

Gosoota walitti bu'insaa

- Walitti bu'insoonni asoosama keessatti uumaman kanneen adda addatti walitti bu'insoonni kun akkuma eenyummaa fakkaattotaatti, walitti dhufeenya qabaniin amantaa fi fedhii isaaniitiin hunda caalaa immoo akkuma seenaa sanaa fi ergaa dabarsuun barbaadamee itti garaagarummaa qabu

Itti fuufa

- Inni lammata walitti bu'nsa namni mataasaa waliin godhuudha. Walitti bu'insi akkanaa fedhiwwan namaa tokko keessa jiran jiddutti muffii umamuudha.
- Yeroo kana fakkaattichi wantoota baay'eetiin dhiphataa waan tokko godhumoo dhiisu, deemumoo hafu, karaa kanmoo karaa sana naa wayya jechaa filannoo lama jidutti qabamee yemmuu falmu mul'ata.
- Yeroo qormaannii akkasii isa mudatu tokko dhiisee karaa tokkoon (karaa biraan) deemuuf murteessuuf yaalii yemmuu godhu gochonni inni raawwatu seenaaa sana fulduratti kan deemsisuufi akka nama harkisuu kan godhuudha

Itti fuufa

- Walitti bu'insa namni uumama wajjin godhu namonnii lubbuun jiraachuuf jecha sochiiwwan adda addaa yemmuu godhan umama wajjin walqunnamu. Fakkeenyaaf qotee bulaan tokko yemmuu jireenya isaa mo'achuuf sochii adda addaa godhu rooba qilleensa, lolaafi kkf wajjin walqunnama, walitti bu'a.
- Namoonni beeladootaafi bineensoota wajjinillee waliti bu'uu danda'a. Iamaanuu jiraachuuf jecha sochii godhan keessatti wal quunnamanii fedhii ofii guuttachuuf walitti bu'u tokko tokkoon mo'achuuf falmii guddaa godha

. Fakkaattota (characters) Maalumaa fakkaattootaa

- Asoosama tokko keessatti seenaan seeneffamuu kan eenyuutti? Gaaffii jedhuuf deebiin laatamu seenaa abaluuti kan jedhudha waan “abalu” jedhamanii maqaa dhawaman immoo haala jireenyaafi amaloota adda addaa kan qabaniidha.
- Fakkaattonni addunyaa Asoosama keessatti foon uffatanii , amala gonfatanii , maqaan ittin waamaman moggafameefi bakki jireenyaa qophaa’eefii kan socho’an, kan dubbatan, kan nyaatan kan dhugan namoota addunyaa asoosama ta’anii akkuma namoota addunya kanaa kan jiraatan kan du’an, kan beela’an kan dheebbootan, kan gammadaniifi kan gaddanidha

Itti fuufa

- Barreessan asoosama tokko yemmuu fakkaatti uumu dandeetti qabuufi ilaalcha waliigalaa ilma namaatiif qabu irraa ka'uudhaan qaamaafi bifa walumaa galatti namoota addunyaa kanaa ka'umsa godhachuudhaani, barreessaan asoosama jireenya isaa keessatti waan isa mudate waan argeefi dhaga'e akkasumas amaloota adda addaa asiifi achii walitti qabee fakkaattiwwan uuma

Itti fuufa

- Fakkaattiwwan asoosama keessatti uumaman umurii isaanii, sadarkaa barumsa isaanii sadarkaa jireenya isaanii , naannoo dhufaniifi haala bara sanaa wajjin kan wal siman ta'uu qabu

Itti fuufa

- Walumagalatti fakkaattiiwwan asoosama baraafi iddoo itti uumaman waliin deemuu qabu. Afaan naannoo sanaa dubbachuu qabu, aadaa ummata sanaa haalan beekuu qabu. Yoo kun ta'e namni asoosama kana dubbisu fakkaattiiwwan kun dhuguma namoota jedhee fudhachuu danda'a. fakkattiiwwan asoosama tokko keessatti uumaman dubbistonni isaan faana akka kolfan, gaddaan akka hirmaattoota rakkoo isaanii ta'an akka isaan jallatan jibban, kanarraa darbees fakkeenya isaan godhachuudhaan amala isaanii isa durii dhiisanii akka jijjiraman humna godhuqabaachuu qabu

Itti fuufa

- Fakkaattiiwwan asoosama amanamtoota akka ta'an barreessaan asoosamichaa yeroo fakkaattoota uumuu waan dagachuu hin qabnetu jira innis:-
- Namoota addunyaa kana biraa kan eegamu keessaa inni tokko amala tokko qabaachuudha. Fakkaattiiwwan asoosama keessatti umamanis jalqabaa amma dhumaatti amala tokko qabachuu qabu. Barreessaan asoosamichaa fakkattiiwwan yemmuu uumu amala isaanii barreessuu hin qabu

Itti fuufa

- Amala tokko jechuun gochaa fi yaada isaaniitiin, biffaaafi amala isaaniitiin ta'uu danda'a. fakkaattiin jalqaba asoosamichaa irratti amalli tokko kennameef jiddutti yookaan dhumarratti amala biraa qabatee yoo argame fakkaatti namaatii jennee fudhachuu hin dandeenyu. Asoosama keessatti amalli fakkaattoota sababa amansiisaa tokko malee tasuma jijjiramuu hin qabu, kana jechuun fakkaattonni tasumaa amala jijjirrachuu hin qabu jechuu miti. Garuu jijjirama amalaa dhufuuf seenaa asoosamichaa wanti nama amansiisu jiraachuu qaba.

Itti fuufa

- Jijjiramni amalaa dhufuun maluuf yookan kan amanamu jijjirama barumsa umurin bilchachuun, muuxannoo hojiin,, bultii horachuu fi kkf nin dhufudha.
- Uuminsa fakkaattoota keessatti waanni beekamu qabu inni biraa fakkaattonni bifa namummaa isaanittin gonka miti. Amalli isaanii amala gaarii fi amala gadhe, amala cimaafi dadhabaan kan makameedha. Gochanis ta'e amalaa gaariifi badaa walqabatani keessatti argamu. Namnumti tokkollee nama tokkoof gaarii nama biroo immoo gadhee(hamaa) ta'uu danda'a

Gosoota fakkaattotaa

- Fakkaattonni asoosama bifa baay'ee fi biftokkee jedhamanii bakka lamatti qoodamuu danda'u. akkuma jecha isaarraa hubachuun danda'amu fakkattonni bifa baay'ee fakkaattoota kallattii adda addarraa kaafaman, amala xaxamaa kan qaban kaayyoo isaanii galmaan ga'uuf yemmuu carraaqan gufuwwan hedduun kan isaan quunnamu. Walumaa galatti waa'ee jireenyaafi uumamaa yeroo dubbatan (falasama haasa'an) kan mul'atan, haala jireenyaa hedduu wajjin walitti dhufeenya kan qaban fakkaattoota salphaatti hin beekamneedha

Itti fuufa

- Fakkaattonni bifa bay'ee akka fixeensaa ganama mul'atanii galgala kan badan miti. Boqonnoota hedduu keessatti kan mul'atanii fi seenaan asoosamichaa irraa caallii waa'ee isaanii fi jireenya isaaniirratti kan xiyyeeffatuudha.
- Fakkaattonni bifa tokkee ammo amala tokkoonn kan beekamniidha. Yeroo baayy'ee gocha yookaan amala barame tokko qabatani kan argamanif kan hin jijjiramnedha .

Itti fuufa

- Fakkaattoonni bifa tokkee yeroo baayyee kan uumaman fakkaattota bifa baayyee midhagsuuf guddisuuf, amaloota isaanii tokkoon ittin madaaluudha

yoomessaa

- Jecha yoomessaa jedhu jechoota “ Yoom” fi “ Eessa” jedhamanirraa kan dhufaniidha jechi kun asoosama keessatti yeroo fi iddoo kan ilaaludha. Fakkaattonni asoosamaa akkuma namoota biyya addunyaa naannoo jireenyaa qabu. Addunyaa asoosama sana keessatti kan socho’anii fi seena isaani kan raawwatan naannoo murtaa’eef barreessichi asoosamichaa filatetti yoo ta’u yeroo, guyyaafi sa’atii seenaa san itti raawwataniifi itti jiraatanis ni qabaatu. Yeroofi bakki fakkaattonni itti argaman kun bakka tokkotti yoomessaa jedhama
- Fakkaattonni asoosamichaa keessatti uumaman yoomessaa sana waliin kan adeeman ta’uu qabu.

Ergaa ijoo (Theme)

- Asoosaamni kamiyyuu kaayyoo guddaa itti barreeffamuufi qaba. Barreessan asoosama tokkoo seenaa tokko yookaan tokkoo ol uumuudha. Fakkaattota walitti dhufeenyaan adda addaa keessa galchuudhaan asoosamicha yoo ijaaaru yeroo baayyee ka'umsi isaa ergaadha. Ergaan asoosamaa calaqqee haala jireenyaafi sadarkaa aadaa, duudhaafi barsiifata fi akkasumas amantaa hawwasichati . asoosama tokko keessaa ergaa ykn yaada jiddugaleessaa sadarkaa adda addaa qabutu jira.
- Asoosamni tokko seenaa seeneffamuu sanaaf sababa kan ta'u ergaa guddaa tokko fi isa miidhagsuuf yookan isa jabeessuufi kan dhufan ergoota xixiqqoo qabaachuu danda'a. ergaan guddaa fi xixiqqaan kun seenaa sana keessatti gargar ba'anii hin argaman.
- Jidduu isaanii walitti dhufeenya cimaatu jira. Tokko yemmuu ka'u kaanis duukaa dhufa ergaan asoosamaa amaloota, fedhii fi hawwii namaa yoo calaqqisise yeroo dheeraaf kan turu ta'uun isaa ni himama. Barreeffamni tokko yeroo dheeraaf ni tura jechuun baraafi bakka itti barreeffame darbee eessaattu yoo dubbifame fudhatama argachuu danda'a. ergaa asoosama tokko argachuudhaaf namooma fi sochii fakkaattoota gurguddoo irratti xiyyeeffachuun gaariidha.

Garumsa(kallattii ittiin dhiyaatu(point of view

- Garumsi yookaan kallattiin ittin dhiyaatu seenaa asoosama tokkoo keessatti akkaataa barreessaan odeeffannoo ittin dabarsu kan ilaaluudha. Kana jechuun barreessaan asoosama isaa keessatti fakkaattiwwan uumee akkamitti sabta'umsa dabarsu, gita kamiin odeeffannoo akka odeeffatu? Essa ta'anii odeessu kan jedhaman deebii kan itti argataniidha. (Mulgeetaa 1991,15

Afoola (Oral Literature)

4.1. Maalummafi Amaloota Afoolaa

- Afoolli dubbidhaan haala/raaguun/yookaan weedduudhaan kan dhiyaatu, aadaa duudhaafi barsiifata akkasumas seenaa saba tokko dhalarraa dhalatti kan dabarsu kalaqa(Uumaa) afaaniti. Ogummaan afaaniin darbu kun kessaayyuu hawwasa qubee mataa isaa ummatee barreeffamatti hin fayyadamne biratti eenyummaafi maalummaa amantaa, haala jireenyaafi falasama waluma galatti jireenya uummata sanii calaqqisisuu irratti ga'ee guddaa qaba.

Itti fuufa

- Afoollii maalumma hawwasa tokkoo beeksisuuf, achiidhufa sanyii isaa ittin seenessuuf, waa'ee naannoo isaanii walumaa galatti falasama addunyaaf qaban ittin ibsuuf fayyada(oola) uummannii tokko afoolaan gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdii, jibbaafi jaalala, mo'uufi mo'amu, deggersaafi balaaleffannaa isaa walumaa galatti haala jireenya isaa ittin calaqqisifata. Afoolli yeroo adda addaa umama. Fkn kadhannaa fi waageffannaa adda addaa irratti , yeroo qonnaa, yeroo haramaa, yeroo ijoolleen taphattu , yeroo daboo (Guza), yeroo namoonni nama araarsan yeroo ajjesanii galan kkf. Afoolli jalqaba irrati nama tokkoon uumama . haa ta'u malee dhalarraa dhalatti afaaniin kan darbu waan ta'eef abbaan afoolichaa adda ba'e hin beekamu , erga yeroo tokko mama tokkoon umamee booda hundatu itti fayyadama.

Itti fuufa

- Kanaaf hawwasni afoolli sun keessatti dubbatamu hundi afoolichaaf abbaa ta'u yookaan afoollii qabeenya ummataati jedhama. Fkn namni tokko yoo mammaksa tokko uumame dubbate yeroon booda uummanni hundi yeroo adda adda itti fayyadama. Yeroo baayee afoolli kan himamu(dubbatamu) gareedhanis. Baayy'een isaanii hirmaannaa dhageeffattoota yookaan dawwatoota barbaadu. Yeroo namni tokko weellisu kaan(dhageeffattoonni) immoo jalaa qabu. Namoonni kaan immoo ni shubbisu.

Itti fuufa

- Afoollii yeroo baayy'ee unkaa gabaabaa dhaan ni dhiyaata. Kunis kan ta'uuf sammuun namaa waan dheeraa yaadachuuf waan rakkatuuf gaggababsanii dhiyeessuu. Akkasumas yeroo itti dhiyaatu gabaabaa waan ta'eef gaggabbatee dhiyaata amaloota afoolaa keessaa isaan gurguddoon sochii qaama/gochaa(performance) fi jijjiiramdha
-

Sochii qaama/gochaa(performance)

- Afoolli sochii qaamaa (gocha) irraa addaan ba'ee ilaalamuu hin danda'u. afoolli uumamee kan dhiyaatu gochaani. Namni afoola daawwatootaaf yookaan dhaggeeffattootaaf dhiyeessuu tokko hirmaattoota isaa harkisuuf afoola dhiyeessuu san miidhagsuuf jeccha sochiiwwan adda addaa taasisa. Fkn :- Fuula (Nyaara) gurra, ija babaasaa , harka facaasa ni utaala, ni ta'aa, ni ka'aa, lafa dhiita waluma galatti sochiin afoolichaa waliini deemuu hunda ni taasisa.

Itti fuufa

- Sochiin yookaan gochi gosa afoolaa tokkotiif godhamu gocha afoolaa biraatiif godhamuu irraa adda ta'a. fkn sochiin qaamaa booyichaa irratti godhamuufi sochiin qaamaa cidharratti godhamu garaa garummaa guddaa qaba. Afoolumaan gosa tokko irratti ilee bakka fi aadaa garagarummaa qabaachuu ni danda'a.
- Fkn :- sochiin qaamaa fi gochi yeroo booyichaa naannoo Oromiyaatti godhamuufi ummattoota kibbaaa biratti godhamu garagarummaa guddaa qabaachuu danda'a.
- Jijjirama (Variable)

Itti fuufa

- Afoollii dhaloota irraa dhalotatti kan darbu afaaniin waan ta'eef jijjirama ammaa tokko ykn guutumman guututti mullachuu ni danda'a. namoonni tokko tokkoo haala jiruufi waliin wal simsiisuufi afoolichaf miidhagina laachuuf jecha dandeetti uumee isanitti fayyadamuun wanta adda addaa kan itti dabalan yoo ta'u kaan immoo irraanfachuun waa keessaa hambisuu danda'a.
- Jijjiramni afoola irratti mul'atu jijjirama jechootaa,jijjirama gaalewwanii jijjirama himaa,jijjirama akkaataa yaanni ittin ibsamuufi jijjirama gochaa ta'uu ni danda'a.

Gosoota Afoolaa

- Gosoonni Afoolaa baayyee hedduudha. Biyyoota fi aadaa adda addaa keessatti afoola adda addaatu dhiyaata. Afoolli bifa lamaan dhiyaata. Isaanis walaloo fi Yeedaloon, halaloo fi seenesuu kan dhiyaatee dha.

▪ **afoola walaloofi yeedaloon dhiyaatan**

- **Sirbitoota aadaa**
- Sirbitoota hojii
- Sirbitoota ayyaanaa
- Tapha ijoollee

Holooloofi seenessuun kan dhiyaatan

- - Oduu durii fi sheekkoo
- - Makmaaksa
- - Hibboo

Tooftaafi afoollii ittiin walitti qabamu

- Namni afoola walitti qabuu tokko aadaa fi saba sana kan sirritti beeku ta'uu qaba. Namni aadaa beeku keessaa afoola walitti qabuu raga argachuufi hin rakkatu. Rakkinni afaani hin qabu, haala jireenyaa naannoo sanaa ni beeka, seera fi aadaa ummanni kabaju aadaa addaan baasee waan beekuuf rakkinni isaa hin mudatu
- Namni tokko afoola gosa tokko qopha filatee Godina, Aanaa , Ganda tokko keessaa walitti qabuu ni danda'a.. akkasumas ganda, aanaa , Godina tokko filatee gosoota afoolichaa keessatti argamanii hunda walitti qabuu ni danda'a.

Afoollii Eessaa walitti qabamaa

- Afoollii barruwwan ammaan dura barreeffamanii turan irraa walitti qabamuu ni danda'a. fkn Gaazexaa , Birooshera, kitaaboota adda addaa irraa .
- Raadiyoo, TV, Vidiyoo fi kkf fi walitti qabamanii ta'an deebisanii qindeessuun
- Baadiyaa fi Magaalaa keessaa deemuun namoota aadaa beekan irraa gaafachuun.
- Walumagalatti afoollii eessumayyuu walitti qabamuu ni danda'a namni afoola walitti qabuufi deemu tokko namoota raga keennataniifi kaayyoo isaanii fi hojii isaanii sirritti ibsuu qaba

Itti fuufa

- Yoomessaa dhugaa jechuun yeroo afoolli uumamaa isaatiin itti jedhamu jechuudha. Fkn sirbi cidha chidharratti, sirba hojii hojiirratti, walaloo booyicha booiychaarratti walitti qabuu jechuudha. Haata'u malee yeroo hunda yoomessaa dhugaa argachuun hin danda'amu, fkn booyicha irratti walaloon booyichaa walitti qabuuf aadaa fi duudhaadhaan ummata sana hayyamuu dhiisuu danda'a. yeroo tokko tokko immoo afoolota ammaan dura beekamoo turanii yeroo ammaa kana immoo irranfatsmsnii jiran namoota yeroo isaan dubbataman turan jiran immoo gaafachuu isaaniirraa raga walitti qabachuun ni danda'ama. Tooftan (maalii) kun yoomessaa aartifishaala jedhama.

Itti fuufa

- Amala kanaan namni afoola walitti qabu tokko beekuma nama raga kennuuf argatetti raga irraa sassabbata jechuudha.
- Yoomessaa dhugaa fakkaatu qopheessuun walitti qabuu
- Yoomessaa dhugaa fakkatu qopheessuun afoola walitti qabuufi dura dabarsanii waa'een yoomessaa dhugaa beekuun dirqama. Kana booda namoota yoomessaa dhugaa sirritti beekan walitti qabuun akka hojjetan gochuu jechuudha. Fkn sirbi cidha walitti qabuuf yoomessaan dhugaa yoo argachuu baatame cidha fakkeessuun misirroo qopheessuun, waan cidha irratti godhamu hunda godhachuun, namoota sirba cidhaa beekan afeeruun yoomessaa dhugaa fakkatu qopheessanii raga walitti qabuu jechuudha

Itti fuufa

- Namni afoola walitti qabu tokko:-
- Afoola odeeffataa irraa argate otoo irraa hin hirisin yookan otoo itti dabalin akkuma jirutti barreessuu qaba.
- Otoo gara dirree hin deemin afoola walaitti qabuu barbaaduufi waa'ee naannoo sanaa kitaaboota adda addaa dubbisuufi, namootas gaafachuu qaba.
- Aadaa fi duudhaa naannoo sanaa beekuu qaba, fkn , uffannaan isaanii beekke uffannaa isaanii irraa kan baayyee hin fagaannee uffachuu qaba.
- Namoota raga kennaniif maqaa , umurii, saala, hojii, teessoo isaanii barreessuu qaba.
- Bakkaa afoolichi walitti qabamee fkn , Naannoo, Godina,Aanaa, Ganda barreessuu qaba.

A walaloo

- **5.1. Maalummaafi Amaloota walaloo**
- Ilmi namaa jarraa hedduudhaaf weedduufi yeedeloo sirbaatiin gaddaafi gammachuu, hawwii fi fedhii isaa, haala jireenyaa isaafi mudannoo isaa adda addaa ibsaa ture.
- Yaada isaa barreeffamaan ibsuu osoo hin jalqabin dura walaloon afaaniin jedhama kan ture aartii baayyee jirate ta'uu isaa bal'inaan himama. Walaloon waan tokko ykn gocha tokko guddisee miidhagsee argisiisuufi, yaada guddisee fi cimsee dhiyeessuuf dandeettii kan qabu jechoota filatamoo xixiqqoodhaan waan baayyee hammatee kan argamu miiriin namaa kan xuqu, aartii miirratti dhiyoo jiru dha

Itti fuufa

- Walaloon tokko kan nama guddisu, kan abdii namaa kutachiisu , kan nama sodaachisu, kan nama aarsu ta'uu danda'a. akkas ta'ullee yemmuu dhageenyu ykn dubbisnu keessaa keenyatti gammachuun uumamu isaa hin hafu. Kun jabinaan fi mariin xuquu walalicharra kan madduudha. Walaloon gosoota ogbarruu hunda caalaa jechoota filataman (gaarii) barbaada. Walaloon callisetuma jechoota walitti hin qabu. Jechi tokkolle bakka isaa malee yoo gale miidhagina walalichaa dukkaneessa. Walaloo keessatti jechoonni qoodamanii yemmuu ta'an kan waa ibsan (ibsitoota) walalichaafi yaa'aa yeedaloo muuziqaa kan kennan ta'uu hubachuun barbaachisaa dha. Barreessichi walaloo kana gochuun dandeettiin afaanii cimina qabaachuu qaba. Barreessaan walaloo dandeettii kalaqaa isaafi mirga walaleessaa bu'aa gochuun jechoota waan hin mu'lanne guddisanii isa dimimmisee ifa godhanii argisiisuu jedhee amanuu filatee seeraan qindeessuu qaba. Jechuun haalaan filaman waanuma baramaefi sirritti beekamu tokkollee haaraa, kan miidhagina qabuufi kan nama harkisu godhanii dhiyeessuu danda'u

Itti fuufa

- walaloon waanni hin beekamnee caalatti ifa ta'ee akka beekamu inni darbee amma kan jiru akka fakkatuufi inni moofaan haaraa ta'ee akka mul'atu gochuudhan waan tokkof miidhaginaaf kenne argisiisuuf kan danda'u jechoota filatamaniin jechoonni filataman fakkii qabatamaa uumeen dhaggeeffatan yookan dubbisan sagalee akka dhaga'u, halluufi bifa akka argu, jabaafi laafaa akka gargar basu, mi'aa fi hadha akka dhamdhamu, qorrifi ho'ii akka itti dhaga'amu gochuun kan miira isaani tuqan yoo ta'an miidhaginni walalichaa guddaa ta'a. kana gochuuf barreessaan walaloo amala, dandeettii (humna) fi sadarkaa jechoota haalaan hubachuu qaba(**Zarihuun,1992**)

Itti fuufa

- Sadarkaa fi humni (dandeetti) yadaa dabarsuu jechoota garagaraa jechoonni hundi dandeettii (Humna) waan ibsuuf fakkii uumamaa walqixa hin qaban. Jechoonni tokko tokko yaada bal'aa qabaachuu kan danda'an yoo ta'u tokko tokkoon isaanii immoo salphaa waan ta'aniif dandeettiin akkanaa kan hin qabne ta'anii argamuu.(Zarihun, 1992)
- Walaleessaan jechoota bal'iseef sadarkaa isaanii dabaleefi itti fayyadamuu danda'a. kana malees barreessaan tokko seeraafi akkaataa jechoonni afaan sanaa ittiin umaman eegee jechoota haaraa uumuu ni danda'a.

Itti fuufa

- Barreessan tokko yeroo walaloo barreessuu jechoota looga yookan loqoda adda addaatiin fayyadamuu danda'a. yeroo baayyee loqoda kana kan filatan jechoonni sun waan jedhamee sanaaf mija'aa, ta'anii yoo argaman fakkaattiin barreeffama sanaa eessaa akka dhufe argisiisuu yoo barbaachisaa ta'e waan ibsamu sun kan naannoo kamii Akaka ta'e ibsuu barbaachisaa yoo ta'edha

Maalummaan amoloota gosootaa duubfakkii

- Hiika duubfakkii:- akkaataa itti fayyadaman jechootaafi galeewwanii kan barreeffamaafi sirritti kan beekame irraa adda gochuudhaan yaadaa fi sadarkaa guddaa kennuudha. Waan tokko ibsa fakkiin amalaa gocha, haala namaa yookan bineensaa tokko waan biraa waliin waldorgomsiisuu walfakkeessuu amala tokko kan biraatiin lachuun yookaan jijjiruun , amala tokko bakka buusuun umama

Itti fuufa

- Duubfakkiin haala dubbii yaada,
yookaan gocha tokko bifa waan tokko
akkasumas amala mariifi bifa namaa
guddiseefi sirritti mul'isee
dawwatoota yookaan
dhageeffattootaaf dhiyeessuudha.
Duubfakkiin kamiyyuu nuura
yookaan kalaqa(uumee)
barreeffamichaatiin kan uumame yoo
ta'u yeroo baayyee ilaalcha
barreessichi iireenyaaf qabu irratti

Itti fuufa

- Duubfakkii gosoota ogbarruu hunda keessatti faayidaa irra kan oolu yoo ta'u walaloo keessatti garuu caalatti barbaachisummaa(fayidaa) guddaa qaba. Walaloo keessatti jechoota xixiqaadhaan yaadafi fakkii uumuufi duubfakkiiti fayyadamuun dirqama ta'a.

. Gosoota akaakuu duubfakkii

- Gosoonni duubfakkii baayyeedh. Isaan keessaa kanneen hedduminan beekaman waan walmorkii, walfakkii , namooma , fakkooma, agiboo ,sobdhugaa (paradox) raajeffannoo (arbeessa) maqaa dha'uu ni danda'ama.

Walmorkii (simile)

- Duubfakkiin kun wantoota yaadota, amaloota gochoota lamaan waliin morkisisuu kan umuu dha.
- Wantoonni lama wal morkii kenname bakka garagaratti kan dhufanifi amala garagara kan qaban yoo ta'u kan ittiin wal fakkatan amalli tokko ni jiraata.
- Fkn 1. Guutaan yoo aaduu akka leencaa nama sodaachisa
- 2. Buddeen ishee ijii isaa abaaboo fakkaata

walfakkii (metaphor

- Duubfakkii kun amala tokko kan biraafi kennuudha kan umuudha jechoota walfakkeessan hin qabu malee walfakkeessuudhaan dubfakkii walmorkii waliin walfakkaata
- Fkn;- Tolaan hojjaansa birbirsaa
- Kulaniin iji ishee boqqolloodha

Namoomsa(personification)

- Dubfakkiin kun amala gochaa fi dandeetti namaa wantoota nama hin taaneef ilaalcha kan umeedha. Wantoonni nama hin taane kun akka namaa ni nyaatu ni dhugu, ni yaadu , ni dubbatu, ni boo'u, ni kolfu kkf.
- Fkn :- lafti ni dheebote
- Boqqolloon otoo gubatu kolfu .

. Fakkooma (sympolic

- Dubfakkii kun amalli isaa inni guddaan bakka buusuudha . waan tokko waan biraatiin bakka buusuudha. Waan bakka bu'e sana sirritti akka ibsu gochuun jechuudha.
- **Fkn :- Hadha- biyyaafi**
- **Marga jiidhaa- milkii**
- Gaariifi bakka buusuun waan dabarsuu barbaadame kan ittin dabarsan, kallattiin otoo hin ta'in hiika faallan jiruudha. Fakkeenyaaf haati ilma ishii balleessa jiru otoo agartuu “ ishoo jabaadhu kormekoo, waan gaarii gochaa jirta yoo jettan aagiboon balleessaa isaa itti himate jechuudhaan nama gabaabaan birbirso yoo jedhame kunis aagiboodha

Sobdhugaa (eyyee lakk) -(paradox)

- Dubfakkii kun yaadoota fallaa qaban lama keessatti kan mul'atanidha. Irrakeessan yoo ilaalan soba kan fakkatu, dhugaa wajjin kan walitti bu'uu kan fakkatuudha. Keessaa isaa gadi fageenyaan yoo ilaallu garuu dhuguma isa waan mul'isu agarra.
- Fkn :- ifa dukkanaa
- Irriishee ibidda keessi ishee kafana du'aa lubu qa

Raajeffannoo ykn arbeessa (hyperbole

- Dubfakkii kun hojiiwwan uumee hunda keessati kan mul'atuudha. Hojiiwwan ogbarruu raajeffannoo qaban miidhaginaan godhatu namatti mi'aawu , miiran namaa harkisu. Kun hundi kan ta'u garuu raajeffannoon kun yoo dhugaarraa baayyee fagaachuu baatee dha. Fkn :- mudhiin ishii qabaa hin guutu. Lafa taakkuu tokkotti yoo jenne kun raajeffannoo ykn arbeessaadha

walsimannaa birsagootaa(versification

- Teekinika walaloon ittin barreeffamu keessaa inni guddaan walsimannaa birsagootati. Jechoonni, birsagonniifi gaaleewwan madaalamanii akka yeedaloo hin cabsinetti barreeffamuu qabuufi faaruu muuziqaa fakkaachuu isaati sararri walaloo tokkoo sarara isaa biraa wajjin jechootan walqixxachuu otoo hin taane sagaleefi walsimannaa birsagootatu yeedaloo akka qabaatu taasisa. Kanaaf, sagaleen gaalewwaniifi birsagoonni walsimatani jechoota filatamanii barreeffamuu qabu.

Walaloo tokko keessatti

- Yaanni duraa yaada boodaa faalleesuu hin qabu, yaanni wal qabachuu qaba.
- Jechoonni irra deddebi'anii dhufan nama mari'achisuuf hin qabani
- Jechoota filatamotti fayyadamuun barbaachisaa dha.
- Duubfakkii iddoo hin taanetti galuu hin qabu(mulgeetaa,1991

Ceephoo

- Ceephoo jechuun hojii ogbarruu tokko haalaan beekuufi qorachuun ulaagaa ogbarruu muraasa bu'uura gochuudhaan madaallii ogummaa kennuu jechuudha .
- Ceephoo jechuun ogbarruu tokko kan kan biraa waliin madaaluu sadarkaan kana ittin kennamu jabinni)ciminni) fi dadhabinni hojichaa addaan ba'ee kan ittin beekamuudha. Ceephoo barreessuufi dubbisuuf, akkasumas ogbaruun faayidaa guddaa qaba. Barreessan tokko ceephoo laatamufi irraa ka'uun hanqina isaa guutachuuf tattaaffii mataaa isaa gochuu qaba. Barreessichi dadhabina isaa addaan baafachuu danda'a. dubbistoonnis ceephoo kennamu irraa ka'uun barreeffamicha caalatti hubachuuf isaan gargara walumaagalatti ceephoo riqicha cimaa bareeffamaafi dubbisaa jiddutti argamuudha. Lamaan walitti fida. Walbarsiisa, walitti dhiyeessa . ceephoo guddina fi sochii ogbaru biyya tokkotiif bu'aa guddaa qaba. Sadarkaan guddinaa ogbaruus ceephoo dhaan beekama. Sadarkaa isaa beekuu immoo karaafi mala inni ittiin guddatu addaan baasuufi nama gargaara.
- Namni hojii ogbarruu ceephoo sammuu qaraa fi waa madaaluu danda'u kan qabu wantoota adda addaa gadi fageenyaafi fedhiidhaan kan ilaalu. Waa sirritti ibsuu kan danda'u ta'uu qaba. Namni hojii ogbarruu irratti ceephoo laatu nma barumsa qabu nama waa'ee ogbarruu gadi fageenyaan beeku ta'u qaba. Maalummaa ogbarruu akkamitti akka uumamu, walitti dhufeenya barreessaafi hawwasa jidduu jiru kan sirritti hubate ta'u qaba.

Xumura

- Og barruun mudanno ilma namaa keessatti uumamuu kan danda'u jireenya hawwasa tokko kan calaqqisu jireenyaafi dhugaa walitti qabee kan argamu, afaaniifi barreeffamaan kan dhiyaatu fi hojii Artii miidhagina qabuudha

- Og barruun ilaalacha dubbistootaa yookaan daawwatoota ykn dhaggeeffattoota jijjiruu ni danda'a. og barruun aadaa fi duudhaa gaariin cimee akka itti fufu, barsiifanni badaa immoo akka hafu gochuu irratti ga'ee guddaa qaba.
- Namni og barruu barreessuu tokko dandeetti waa hubachuu kan qabu, namootaafi naannoo isaa sirritti xinxaluu kan danda'u, waa'ee hawwasa sanaa fi aadaa sirritti kan beeku, dandeettii afaanii kan qabu muuxannoofi mudannoo hedduu kan qabu ta'u qaba.

- Og barruun sanyiiwwan adda addaa of keessaa qaba. Isaanis: Asoosama (dheeraafi gabaabaa), Afoola , walaloo fi diraamaan isaan gurguddoodha. Sanyiiwwan og barruu kunnen amaloota adda ba'anii ittin beekaman qabu. Maalummaafi amalonna isaanii barruu kana keessatti bal'inaan kaa'amaniiru

- Walumagalatti amaataroonni fi namoonni dhimmi kun isaan ilaalu barreeffama gababaa kana dubbisuun waa'ee og barruu hubannoo ga'aa argachuu ni danda'u. dhimma irratti maalummaafi amala ceephoo irratti ibsi gababaaan kennameera.

-